Dambii Lakk. 173/2007

***Dambii Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe***

Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa karaa guutuu ta'een hojii irra oolchuuf qaama leenjii kennuu fi madaallii gahumsa ogummaa gaggeessu adda baasuun hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Sirna madaallii gahumsa ogummaa diriireen ogeeyyii sirna Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa keessa darbanii fi muuxannoon hojjechaa jiran gahumsa ogummaa isaanii maddaalliidhaan adda baasuun waraqaa ragaa gahumsa mirkaneessu kennuuf qaama Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa hoogganuun alatti qaama biroo of danda'e itti gaafatamummaa fudhatu hundeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,

Akkaataa Labsii Lakk.163/2003 keewwata 65 (1) tiin Dambii kun bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. **Mata Duree Gabaabaa**

   Dambiin Kun ***"Dambii Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lakk. 173/2007"*** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Hiika**

   Akkaataan jechichaa hiika biroo kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:-

   1) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaati.
   2) **"Boordii"** jechuun bu'uura dambii kanaatiin kan hundeeffame Boordii Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
   3) **"Gahumsa"** jechuun beekumsaa fi dandeettii ogummaa kan of keessatti qabate ta'ee madaallii gahumsa ogummaatiin kan adda bahu jechuu dha.
   4) **"Madaallii Gahumsa Ogummaa"** jechuun bu'uura ulaagaa madaallii baheen gahumsa ogeessi tokko gosa ogummaa tokko irratti mirkaneessuuf madaallii raawwatamu jechuu dha.
   5) **"Madaalaa"** jechuun ogeessa beekkamtii madaaltummaa qabaatee madaalamaandandeettii fi beekumsaan gahumsa qabaachuu isaa madaalliin adda baasuun kan ragaa bahuu dha.
   6) **"Madaalamaa"** jechuun nama gahumsa ogummaa isaa mirkaneeffachuu fi ragaa argachuuf madaalliif dhiyaate jechuu dha.
   7) **"Meeshaa Madaallii"** jechuun meeshaa leenjifamtoonni yookiin hojjettoonni industirii beekumsaa fi dandeettii ogummichi barbaadu gonfachuu isaanii ittiin adda baafamu jechuu dha.

8) **“Waraqaa Ragaa Gahumsa Ogummaa”** jechuun ogeessi tokko gahumsa qabaachuu isaa ragaa mirkaneessu jechuu dha.

9) **“Wiirtuu Madaallii**” jechuun iddoo omishaa fi tajaajilaa madaalliin gahumsa ogummaa itti kennamu jechuu dha.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

**Kutaa Lama**

**Hundeeffama, Aangoo fi Gahee Hojii Ejensichaa**

**4. Hundeeffama fi Itti Waamama**

1) Ejensiin Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa kanaan booda ***“Ejensii”*** jedhamee kan waamamu Manni Hojii Mootummaa of danda’e Dambii kanaan hundeeffamee jira.

2) Itti waamamni Ejensichaa Pirezidaantii naannichaatiif ta’a.

**5. Kaayyoo Ejensichaa**

Ejensichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:

1) Naannicha keessatti hojiilee sirna madaalli fi mirkaneessa gahumsa ogummaa hordufuu fi gamaaggamuu nama dandeessisu diriirsuu fi hojiirra oolchuu;

2) Leenjifamtoota dhaabbilee fi kolleejjota Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa irraa bahanii fi ogeessota hojiirra jiran madaallii gahumsa ogummaa gaggeessuudhaan sadarkaa gahumsa isaanii adda baasuu; akkasumas gahumsa ogummaa fi qulqullina isaa olkaasuu;

3) Madaallii gahumsa ogummaa fi tajaajila kennamu itti quufinsa lammiilee irratti qo'annoo fi qorannoo gaggeessuu dha.

**6. Teessoo Waajjira Ol’aanaa**

Teessoon Waajjira Ol’aanaa Ejensichaa Magaalaa Adaamaa ta’ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti damee banachuu ni danda’a.

**7. Aangoo fi Hojii Ejensichaa**

Ejensichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Karoora hojii madaallii gahumsa ogummaa Boordiif ni dhiyeesa, yammuu mirkanaa’u hojiira ni oolcha;

2) Sadarkaa ogummaa bahe irratti hundaa’uun madaallii gahumsa ogummaa fi waraqaa ragaa gahumsa ogummaa ni kenna;

3) Ragaa madaalamtootaa fi ragaalee biroo ni gurmeessa, sirnaan ni qaba, qaama dhimmi ilaallatuuf ni kenna;

4) Madaallii gahumsa ogummaa ni gamaaggama, ni hordofa, ni bulcha;

5) Tajaajila Ejensichi kennu ilaalchisee hanga kaffaltii raawwatamu qoratee Boordiif ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Hojimaata kenniinsa waraqaa ragaa gahumsaa naannichaa ilaalchisee karoora tarsimaa'aa baasuudhaan bu'uura istaandaardii Ejensiin Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa Federaalaa baaseen hojiirra ni oolcha;
7) Waliin ga'iinsa tajaajila madaallii gahumsa ogummaa Naannichaa mirkaneessuuf, pooliiteekinika, kollejjootaa fi wiirtuu leenjii teeknikaa fi ogummaa giddu galeessa godhachuun wiirtulee madaallii fi madaaltota industriiwwan oomishaa fi tajaajilaa Intarpiirayizii mayikiroof xixiqqaa fi pooliiteekinikaa fi kollejjoota barnootaa fi leenjii teeknikaa fi ogummaa gahumsa qaban filachuun beekamtii ni kennaaf;
8) Wiirtulee madaallii fi madaaltota itti gaafatamummaa isaanii gahumsaan bahaniif beekamtii ni kenna, ni haaromsa, kanneen gahumsaan hin hojjenne irraa beekamtii isanii ni haqa;
9) Leenjii madaallii gahumsa ogummaa ni kenna, akkaataa barbaachisummaa isaatti akka kennamu ni taasisa;
10) Dandeettii raawwachiisummaa Ejensichaa cimsuuf pirojeektoota adda addaa qopheessuun qaama dhimmi ilaaluuf ni dhiyeessa, yammuu mirkanaa'u hojiirra ni oolcha;
11) Hayyama Biiroo Maallaqaa fi Misooma Diinagdee Oromiyaatiin maqaa isaatiin nagahee galii ni maxxansiifata;
12) Madaallii Gahumsa Ogummaa irratti ilaalchaa fi hubannoo hawaasaa cimsuuf ni hojjeta;
13) Madaallii gahumsa ogummaa ilaalchisee qo'annoo ni gaggeessa, hojiirra ni oolcha, bu'aa isaa qaama dhimmi ilaaluuf ni tamsaasa;
14) Maqaa isaatiin qabeenya ni horata, ni himata, ni himatama;
15) Dhaabbilee Ejensicha waliin kaayyoo walfakkaatu qaban waliin ni hojjeta.

## Kutaa Sadii

## Qaamolee Bulchiinsa Ejensichaa

### 8. Gurmaa'ina

Ejensichi gurmaa'ina armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii,
2) Daarektaraa fi Itti Aanaa Daarektaraa, fi
3) Hojjettoota biroo.

### 9. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Boordii

1) Boordiin Ejensii Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa kanaan booda ***"Boordii"*** jedhamee kan waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti Waamamni Boordichaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.

**10. Miseensota Boordii**

1) Itti Aanaa Pirezidaantii Naannichaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Walitti qabaa,
2) Hoogganaa Biiroo Industirii fi Misooma Magaalaa Oromiyaa ~~~~~~~~~~~~ I/A/Walitti qabaa,
3) Hoogganaa Biiroo Qonnaa Oromiyaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa,
4) Hoogganaa Biiroo Eegumsa Fayyaa Oromiyaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ Miseensa,
5) Komishinara Komishinii Barnootaa, Leenjii Teeknikaa fi Ogummaa Oromiyaa ~~~~ Miseensa,
6) Hoogganaa Ejensii Misooma Intarpiraayizii Maayikiroo fi Xixiqqaa Oromiyaa~~~~~Miseensa,
7) Bakka bu'aa Yunivarsiitii Saayinsii fi Teknooloojii Adaamaa~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~Miseensa,
8) Bakka bu'aa Industrii nama tokko ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~Miseensa,
9) Daarektara Ejensichaa ~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~~ sagalee malee barreessaa.

**11. Aangoo fi Hojii Boordichaa**

1) Karoora hojii fi baajataa Daarektara Ol'aanaa Ejensichaan qophaa'ee dhiyaatuuf ilaaluun yaada murtii waliin Pirezidaantii Naannichaatiif ni dhiyeessa;
2) Tumaalee dambii kanaa hojiirra oolchuuf saxaxa qajeelfamoota Ejensichaa ni mirkaneessa;
3) Muudama yookiin ramaddii sadarkaa adeemsaalee hojii Daarektara Ejensichaatiin dhiyaatuf xiinxalee ni mirkaneessa;
4) Raawwii hojii fi sochii baajata Ejensichaa dhiyeenyaan ni hordofa; ni gamaaggama; akkaataa barbaachisummaa isaatti tarkaanfii sirreeffamaa ni fudhata;
5) Ejensichi galii keessoo isaa akka gabbifatuuf tooftaalee adda addaa ni uuma; hojiirra akka oolu deeggarsa ni taasisa; raawwii isaa ni hordofa;

**12. Sirna Walgahii Boordichaa**

1) Boordiichii wal-gahii idilee ji'a sadiitti yeroo tokko kan qabaatu ta'ee; waliitti qabaan yoo waame yookiin miseensoota Boordichaa keessaa walakkaa ol yoo gaafatan walgahii ariifachiisaa adeemsiisuun ni danda'ama;
2) Miseensoota Boordii keessaa harki 2/3$^{ffaa}$ yoo argaman walgahichi guutuu ta'a;
3) Murteen Boordichaa sagalee caalmaan kan darbu ta'ee; sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a;
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 tti kan tumame akkuma eegameetti ta'ee, Boordichi sirna walgahii mataa isaa ilaalchisee qajeelfama baasuu ni danda'a.

**13. Muudamaa fi Itti Waamama Daarektaraa fi Itti Aanaa Daarektaraa**

1) Daarektaraa fi itti Aanaa Daarektara Ejensichaa Pirezidaantii Naannichaatiin dhiyaatanii Mana Maree Bulchiinsa Mootummaa Naannichaatiin kan muudaman ta'a.
2) Itti Waamamni Daarektaraa Pirezidaantii Naannichaatiif, itti Aanaan Daarektaraa Daarektara Ejensichaatiif ta'a.

**14. Aangoo fi Gahee Hojii Daarektara Ejensichaa**

1) Aangoo fi hojii Ejensichaaf kenname hojiirra ni oolcha;
2) Ejensicha ni hoggana; ni bulcha;
3) Murteewwan Boordii ni raawwata; ni raawwachiisa;
4) Karoora hojii fi baajataa qopheessee Boordiif ni dhiyeessa; yammuu mirkanaa'e hojiirra ni oolcha;
5) Akkaataa seera faayinaansiitiin herreega baankii ni bana; ni sochoosa;
6) Gabaasa raawwii hojii fi baajataa Boordii fi qaama dhimmi ilaallatuuf ni dhiyeessa,
7) Seera Bulchiinsa Hojjettootaa Mootummaa irratti hundaa'uun hojjettoota ni qacara; ni bulcha; hojii irraa ni gaggeessa;
8) Walitti dhufeenya Ejensichi qaama sadaffaa waliin qabu irratti Ejensicha bakka ni bu'a; Ejensicha bakka bu'un waliigaltee ni mallatteessa;
9) Hojii biroo Boordiin kennamaniif ni hojjeta.

**15. Aangoo fi Gahee Hojii Itti Aanaa Daareektara Ejensiichaa**

1) Yeroo Daareektarri hin jirreetti bakka bu'ee ni hojjeta,
2) Hojii biroo Daareektaraan kennameef ni hojjeta.

**Kutaa Afur**

**Tumaalee Adda addaa**

**16. Madda Galii**

Maddi galii Ejensichaa kanneen armaan gadii irraa ta'a:

1) Baajata mootummaan ramadamu;
2) Tajaajila adda addaa irraa kaffaltii argamuu fi;
3) Deeggarsaa fi kennaa adda addaa irraa.

**17. Galmee Herregaa**

1) Ejensichi galmee herregaa guutuu fi sirrii ta'e ni qabaata;
2) Galmeen herregaa fi harshammeewwan faayinaansii Ejensichaa yeroo yeroon Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama aangoo qabuun ni qoratama.

**18. Tumaalee Ce'umsaa**

1) Hojiin mirkaneessa gahumsa ogummaa kanaan dura Wiirtuu Mirkaneessa Gahumsa Ogummaa sadarkaa Naannoo Oromiyaatti hundeeffameen hojjetamaa turee fi ragaan madaallii gahumsa ogummaa kennamaa ture Ejensichaan akka kennameetti lakkaawamee kan ragga'e ta'a.
2) Mirgaa fi dirqamni wiirtuulee Madaallii Mirkaneessa gahumsa ogummaa Komishinii Barnootaa fi Leenjii Teeknikaa fi Ogummaatiin kanaan dura hundeeffaman qaban gara Ejensichaatti Dambii kanaan darbee jira.

**19. Dirqama Deeggarsa kennuu**

Namni kamiyyuu hojiirra oolmaa Dambii kanaatiif deeggarsa irraa barbaadamu kennuuf dirqama qaba.

**20. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana raawwachiisuuf Boordiin qajeelfama baasuu ni danda'a.

**21. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabaanne**

Dambii fi barmaatileen hojii Dambii kanaan wal faalleessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**22. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun ***Waxabajjii 12 bara 2007*** irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Muktaar Kadir**

**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**Finfinnee**

***Waxabajjii 12 bara 2007***